# 28A. TAJAAJILA YOHANA, BATISO YESO

**Yohana 1:19-31, Matayo 3**

ODUUN tunini dhugeesa Yohanaati. Yohanaani guddannani, inni lafa aloo keesati goga gala uffate awaniisafi damma raasa nyaate akanaani Israeliti lallabe. Inni akkan jed'e lallabe, "Chubbu teesan irra deebia, maan jenaani mootumaan Waaqa ya d'iyaate!" Duuba worra irra deebie inni galaana Yordani keesati batise.

Gumiin guddoni isa gula yaate akka barsiisa isa ch'aqafte ammalle batifamtu. Ammo qallole gugurdoofi barsiiftoti seeratifi, durdemtoti Israeli, Yerusalemuu taani nama Yohanaati ergani gaafi tan gaafatani, "Atin Kristo?" Yohana ammo, "Hiyyo"jed'e. Worri waan gaafate, "Atini Eliya?" Yohanaani "Hiyyo" jed'e. "Atin eenu re?"

Yohanaani waan jed'e, "Anini qonqo lafa haloo keesa iyyitu, 'Kara Goftaa mid'aasa.' Nama tokoti jira kha eege tiyya d'ufu, inni narra guddaa, waan na duratu jiraatefi."

Gaafasuma, Yesolleni akka Yohanaani isa batisu d'ufe. Jennani inni bisaani keesa baanani, Hafuuri Qulqulloni akka sapaliisa isa gubba taae, gubbaani banamte, qoonqoni gubbaa d'agaamte waan jette, "Kunini ilma kiyya kha anini guddo jaalad'u."

Guyya iti aanu, Yohanaani Yeso gumii kees deemu arge waan jed'e, "Laala, Ilme oola Waaqa kha chubbu nama lafa irra jira chufa irra fuutu! Ka anini, 'tokkooti na eege d'ufa, ka narra guddaa, waan inni naduratu jiraatefi' jed'e kaani kana!

## QAJEELUMSA BARNOOTA

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Jireenna kanke keesati wonti atini guddo barbaaddu maani? Jireenna kanke keesa seeleen duwaan jirti?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

- **Oduuni tunini kara kamiini jabeenna fi humna Yeso garsiifti?**
    - Hafuuri qulqulloni akka gumiini yaate barsiisa Yohana nam Batisu chaqaftu tolche.
    - Yohanaan kha eege tiyya d'ufu narra jaba jed'e.
    - Waaqi gubba bane Hafuura Qulqullo akheekha sapaliisatiini erge.
    - Waaqi akka Yesoni ilma isa tokocha kha Waaqumma qabu lallabe. Waaqi ammale akka guddo isa jaalatulle in hime. Waaqa ch'allaati jabeenna waan dansaan lallaban qaba.

- **Akka Waaqi beekha waan chufa, oduun tunini maanin nuti himti?**
    - Waaqi imbeekhe akka Yohanaani dufaansa Yesoo lallabu.
    - Waaqi beekhe ammalle eenummaa Yeso lallabe.
- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu)**
    - Waaqi Yohana nama batisu huji adda qulqulliti kenneefi ta kara Yeso mid'aasan.
    - Yohaanani akka biyyiti chubbu ufi irra deebitu lallabe, akka ammalle kara batisootin hafuura kees qulqulaani.
    - Yesoni Yohana irra guddaa. Maan jenaani Yohanaani chubbicha ammo Yesoni Waaqa qulquloo, Yohanaani seemsa khope isaalle hiiku hindandau.
    - Waaqi gubba bane Hafuura Qulqullo bifa sapaliisatin erge, akanaani akka Yesoni qulqulloo lallabe waan jed'e, "Ilma kiyya kha anini guddo jaalad'u."
    - Yohanaan waan jed'e, "Me ilaala Ilme Oola Waaqa, kha chubbu nama irra fuud'u." Inni ilme ooliye ta sorio baasani ta Wold'aqiisa Dullacha keesa jirtuuni wolfakeesse- keesumati Ilme Oola JILA PASAKA. Ilmeen oola sunni t'uriifi botolle tokolle qabaachu himmalle, ammo qit'e tau malte akka d'iigi isa dandae chubbu nama irra baase dallansu qulqulliti Waaqa jala nam baasu.
    - Waan Yesoni ilma Waaqa taheefi, inni bifa Waaqa chufa inqaba.
    - Inni kha d'ugaati, tanaafi inni akka ilme nama chubbiti uftolche batifame, ato chubbu tokolle hinqamnelle.
- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
    - Waaqi kara Yohanaatini namaati dubbate.
    - Waaqi lafa aloo keesaleeti Yohana inqorqorate.
    - Laakuma Yohanaan barsiisuni, Waaqi onne nama tuqe akka worri chubbu irra deebie araara gale batifamu tolche.
    - Waaqi qoommi guumiini Odduu Dansa d'ageete duuba chubbu irra deebitu kenneefi.
    - Yesoni, ilmi Waaqa, ufdiqeesse ilma nama fakaate lafaati gadi d'ufe akka nuwaliin jiraatu. Inni "Waaqa nuwaliin jiru."
    - Yesoni akka chubbichaan wolfakaatufi batifame male inni chubbu tokolle hinqabu.
    - Yesoni "Ilme Oola Waaqati kha akka chubbu nama irra fuud'ufi gadi d'ufe." Tunini tola-eeba Waaqa ta inni gumi Israeli guyya Jila Pasaka garsiise nu qaabsifti ammalle finna sorio baasan kha Wold'aqiisa Dullacha keesa jiru kha marro chubbu namaatifi ilme oola qalani sorio baasan nu qaabsifti. Yesoni Ilme oola kha muummeeti, kha sorio muummee nuu tahe.

- **Oduuni Wold'aqiisa dullacha ta atinin qaabatu tokollen injirti, ta akka ilme oola ta marro chubbu namaatifi sorio baasan, tokolle inqaabata?**

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
    - Waaqi ganna gudda kha dabre kara Isayatini kakhate akka "Qonqoni lafa aloo keesa iyyitu, ta 'Karaa Waaqa qopheesa' jettu" durana d'uftu. Yohana nama Batisuuti kakhu suni muummesse.
    - Waaqi waan kara Yohanatini jed'e, nami eegi isa d'uffu isa irra jira. Sunini Yeso.
    - Yesoni guutamsa muumme ilme oola ta Wold'aqiisa Dullacha keesati- Ilme oolaa ta Jila Pasaka, ilme oolaa ta Habiliini soorio baase, bineesa akka qulla Adamufi Hawai d'ossani ijeesan gaafa worri wolaala tolche, ilme oolaa ta soorio baasan ch'ufa. Inni kha guutamsaani bakka namaa bu'u.
    - Waaqi Oobru Edeni keesati inkakhate abaarsa bofa iraati waan jed'e guyya tokko Sanyiin niiti tan keesa baatu guutamsaan si dabsati jed'eeni. Nama uwaati Yeso d'ale. Inni Sanyi suni. Inni Baasa Waaqi gumi isaatii kakhate.

- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?** o Yohaanani chubbaleyi yaamicha tolcheefi akka worri chubbu worra irra deebiu marro Mootumaan Waaqa d'ufuuti jirtuufi.
- **Akka ilmeen nama kara Waaqa challaani gara Waaqa dhuftu, oddun tunini maanin garsiifti? (Fed'i Waaqatiifi yaada isa gula?)**

    Karaani chubbu namaa araaramaniini kara Yeso kha ilme oola Waqa, challaa.
- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**

- Yohanaani araara gala biyyaani jed'e akkanani worra qopheese. Ammalle worri batiso argate, ta qulqulloma hafuura ta Waaqi onne gumi isa qulquleesu garsiiftu.
- Yohanaani waan jed'e, "Laala, Ilme oola Waaqa kha chubbu nama irra fuud'u!" Inni akka biyyiti abdi worra Yeso irra keeyatu gara jabeesse.

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u>**:**

- Biyiti barbaada Yohanaa lafa aloo yaate. Biyyiti maan fa d'arraate halchite barbaaddi? Jireenna nama keesa lafti aloo maan fa?
- Gumiini akka Yesoni "Ilme oola Waaqa" d'ageenani worri sorio Wold'aqiisa Dullachatifi oola Abrahamuni danqara keesa fuud'e qaabatani. Worri ammalle dandaani garbicha gaargalchani kha Kitaaba Isaya 53 keesati himani qaabatani. Worri soorio marro chubbu woraatifi baasan irra herregani. Chubbu akkami fa ta arra jireenna nama kees jirtu ta Kristooni dueefi?

- Israeliini ganna kuma kunkii Baasa Waaqa gumii isaati kakhate eegate. Haala akkamifa keesati waan tokko guddo eegate?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti ):</u>** (Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Biyiti barbaada Yohanaa lafa aloo yaate. Wonti atini jireenna kanke keesati **barbaaduti jirtu maani**? Jireenna kanke keesa **seeleni duwaani** jirti? Yesoni kara kamiin dandae seele duwwa suni guuta?
- Yesoni Ilme oola Waaqa, kha chubbu nama chufa irra fuud'u, chubbu teetille. **Chubbuni tokolleni jirti ta atin guyya arra isaati geefatu malte akka inni sirra fuud'u?**
- Waaqa eegachufi kakhu inni sii gale d'ugeefachu irrati atini yo gari kara kamiini d'ibamta? **Kakuuni Waaqa ta atini d'ugeefate ammalle ufirraati d'agauu malte tam fa?** (Akka inni si qorqoratu, akka inni sii araaramu, akka inni kad'acha tante d'agau, kenna Hafuura ta inni sii kennu, d'ufaansa isa, mo maani?)